Nadubbisii Fugugaa (OpenOffice.org Afaan Oromoo)

Ejjatoowwan

1. Ooftuu CD(CD drive) kompiyuutara keetti CD ijaarsa Fugugaa galchuun ukaankaa “OpenOffice.org 3.2 (en-US om) Installation Files” jedhu kan fakkii armaan gadiirratti agarsiifame lamcuqaasi(duoble-click).



2. “**setup**” irra lamcuqaasi(duoble-click).



3. Hanga fuulli armaan gadiitti agarsiifame dhufutti obsiitii “**Next**” cuqaasi(click).



4. Maqaa Fayyadamaa fi Dhaabbatasaa guutuudhaan “**Next**” cuqaasi(Click). Maqaa Fayyadamaa fi Dhaabbatasaa dhiisuudhaan “**Next**” cuqaasuus ni dandeessa.



5. “**Next**” cuqaasi(click).



6. “**Install**” cuqaasuun ijaarsa jalqabsiisi.



7. Yeroo muraasa booda fuulota armaan gadii argita. Fuulonni kun tarkaanfii adeemsa ijaarsichaa agarsiisu.





8. Hanga fuulli armaan gadii mul'atutti obsi. Kunis daqiiqaa hedduu fudhachuu ni danda'a. Fuulli armaan gadii mul'annaan ijaarsichi dhumeera. Kanaaf, "**Finish**" cuqaasi(click).



9. Dhumarrattis sajoon OpenOffice.org 3.2 armaan gadii minjaalee(desktop) keerratti uumama.

10. Sajoo armaan oliirra lamcuqaasuun Fuguga kaasi.

11. Baafata **Meeshaawwan** cuqaasuun ittaansee baafata xiqqaa **Taliigaa Dheertoo** cuqaasuun Taliigaa Dheertoo (Extension Manager) kaasi

12. Dheertoowwan (Extensions) ijaaruuf Taliigaa Dheertoo armaan gadiirra **Ida'i** cuqaasi(click).



13. CD Fugugaa banuudhaan faayilii "hunspell-om-0.04"rra lamcuqaasi(duoble-click).



14. **Fudhu** cuqaasi



15. Eejjatoo 12ffaa irradeebi'uun **ida'i** cuqaasiitii akkuma ejjatoo 13ffaa faayilii "oromo_thes" jedhu lamcuqaasi (duoble-click).





16. Waliigaltee Hayyamtaa dubbisuuf Qabduu "**Gadi Mari**" jedhu irra irradeddeebiin cuqaasuun qabduu "**Fudhu**" jedhu mul'isi.



17. **Fudhu** cuqaasi



18. Dheertoowwan armaan olitti ijaaraman Taliigaa Dheertoo keessatti akka armaan gadiitti mul'atu. "**Cufi**" cuqaasi.



19. Dheertoowwan armaan olitti ijaaraman faayidaarra akka oolan Qindaa'inoonni afaanii godhamuu qabu. Kanaaf, Baafata "**Meeshaalee**" ittaansuun baafata xiqqaa "**Dirqalaalee**" irra cuqaasi.

20. Fuula armaan gadiirratti mul'aturra mallattoo +(ida'uu) harka bitaa Qindaa'inoota Afaaniirra jirurra cuqaasi.



21. “**Afaanota**” irra cuqaasi.



22. Walqunnama fayyadamaa keessaa Afaan Oromoo filadhu



23. Qindaa’ina gitoo biyyaa keessaa Afaan Oromoo fili.



24. Warra lixaa keessaa Afaan Oromoo fili



25. Deeggarsa afaanii ida'ataarraa "**Teessuma barruu xaxamaaf kan dandeessifame (CTL)"** fili



26. **CTL**dhaaf [**Homaa**] fili.



Dhumarrattis Fuguga (OpenOffice.org Afaan Oromoo) lamkaasuudhaan (restart) itti fayyadamuu ni dandeessa.